

Odeeffannoo waa'ee

argama tajaajila afaanii  
Manneen Murtii  
Minesootaa keessatti.



Oromo / Afaan Oromo

Afaan Ingiliffaa xiqqoo yookin guutummaan hin  
dubbattu yoo ta'e fi gareen dhimmi sanarratti (Himataa,  
himatama, ragaa, maati, daa'ima umuriin hin gahiniif itti  
gaafatamummaa kan qabu) yoo taate, kaffaltii tokko  
malee dhaddacha mana murtiitti yommuu dhiyaattu,  
tajaajila turjumaanaa bilisaan argachuuf mirga qabda.

Minn. Stat. §§ 480.182

Fuulli kaardii kanaa garri bira, gaheen nama tajaajila  
turjumaanaa kennuu maal akka ta'e akkasumas  
turjumaanni kee maal si waliin mariyachuu akka qabuu  
fi hin qabne odeeffannoo kenna.

Waa'ee tajaajila turjumaana manni murtii kennuu  
gaaffii yookiin yaada yoo qabaatte, Abbaa Alangaa  
gaafadhu, Hojjataa Mana Murtii dhimmichi itti  
ilaalamee dubbisi, yookin Sagantaa Turjumaana Mana  
Murtii Minesootaa qunnami.

### Asitti nu argadha:

Minnesota Court Interpreter Program

State Court Administrator's Office

25 Rev. Dr. Martin Luther King Jr. Blvd.

St. Paul, MN55155

(651) 297-5300

MNCourtInterpreterProgram@courts.state.mn.us

<http://mncourts.gov/Help-Topics/Court-Interpreter-Program.aspx>

Haqa karaa walqixa ta'ee fi mala nama hunda osoo wal hin  
caalchisin hirmaachisuun dhiyessuuf akkasumas  
falmiwwanii fi dhimmootni dafanii murtoo akka argatan  
gochuuf. - Ergama Minnesota Judicial Branch

Turjumaana  
Manni Murtii  
qacare  
Fayyadamuu



Akkam nagaadhaa? Maqaan koo [maqaa turjumaanaa] fi  
ani turjumaana Afaan Oromo kanan ta'e guyya har'aa  
mana murtii waliin akka walii galtuuf sin gargaara. Eegalun  
dura, akka turjumaana mana murtiitti gaheen koo maal  
akka ta'e nan ibsa.

Gaheen koo haasaa har'a mana murtiitti taasifame hunda  
amma danda'emetti hiika sirriitti hiikudha. Waantin ani  
hojjachuu danda'u kunooti:

- Ajaja mana murtiitti barreeffamaan siif kenname  
kamiyyuu afaaniin siif hiikuu nan danda'a.
- Icciitii akkuma jirutti kanan eegu yoo ta'u, waa'ee  
dhimma kanaa mana murtiitin alatti nama kamittuu  
hin himu.

Waantin ani hojjachuu hin dandeenyi kan armaan gadiiti:

- Gorsa Seeraa yookin yaada mataa koo siif kenuu hin  
danda'u.
- Abukaatoo seeraa akka argattuuf si gargaaruu hin dandda'u.
- Haasawa dhuunfaa kamiyyuu si waliin taasisuu hin  
danda'u.

Eegalu kenya dura:

1. Gahee koo irratti gaffiwan akkami qabda yookin akka  
turjumaana mana murtii kanatti maal gochuu fi maal  
akkan gochuu hin qabne irratti gaaffiwan maali qabda?  
Adaraa jechaan deebisii ibsi.
2. Waanta hanga ammatti dubbadhe kana hundumaa  
hubatteertaa?
3. Akkan sirriitti si hubadhuuf maalo waayee biyya keetii  
yookin aadaa keetii hanga tokko natti himi.

Yoo gaaffii qabaatte yookin waanti siif hin galle jiraate,  
akka dhaddachi jalqabeen ana osoo hin taane  
kallattiindhaan mana murtiitti dubbadhu.

*Turjumaanaaf: Osoo dhaddachi hin eegalin turjumaanni  
abbaa dhimmaa gaaffii yoo qabaate yookin yoo hin  
qabaannes mana murtiidhaaf (abbaa seeratiif) ni ibsa.*